

HIDHAA JAALALAA

Hidhaa jaalalaa

Barattoota lama turan: barattuu Seenaa fi barataa Falmataa turan. isaan lamaanuu Yunivarsitii Haroomayaa keessatti damee barnoota Injinariingii baratan,,seenaan waggaa 3ffaa yoo taatu Falmataan waggaa 4ffaa dha! Inni oromiyaa jiddu galeessaatti dhalatee guddate, isheen oromiyaa lixaa yoo taatu lameen isaan ijoollee oromiyaa baadiyaa dhalatanii guddatanii dha.

Seenaan akkaataan uumama ishee baayee nama ajaaiba..Icciitii ishee beekuun ulfaatus: kennaan beekumsa ishee fi bareedinni ishee dhiirota hedduu akka bubbee arfaasaa asiif achi raasa. Rifeensi ishee dugda irraan hangaa..yeroo adeemtu akka bishaan gibee deemuu malee sagalee hin dhageesistu.. ijji ishee akka urjii biraa calanqisti, seeqni ilkaan ishee akka tirika dukkana keessaatti ifa.. konkonni funyaan ishee akka waan ogeessi bobbocaa boce fakkaata. Guntutni ishee akka tulluuwwan oromiyaa keessaa uumamaan kan dhabatee dha..Seenaan yeroo kolfitu sagalee onnee namaa raasu tokko osoo hin daangessin oli baasti.

Haalli uffannaa ishee akka bineensota baddaa baalee daawwattanii xumuuruun ni ulfaata..

Falmataan baayee boonuu dhaan beekkama.. Gaafa namni baayee haasayu baayee dhaggeeffata. Rifeensi isaa boca odaa oromoo fakkaatee akka bosona oromiyaa durii daawwattee hin quuftu.kennaan bareedina isaa akka soomaya leemmaanii oli qajeelaa dha. Kan nama dhibu Falmataan barnoota isaatiin baayee cimaa dha yoon jedhe isa hin madaalu..Gaafa barsiisaan gaafii isa gaafatu akka leenci yeroo gaaraa bookkisu bineensotni isaan kuuni asiif achi shokoksan,barattootni cali jedhanii isa inni deebisu kana baranneerraa laata? jedhanii dabtara isaanii asiif achi garagalchu. Isaan lameenuu gumii aadaa fi hogbarruu afaan oromoo keessatti hirmaannaa cimaa qabu.

Kan Falmataan nama ajaaibuun tokko yoo jiraate, guyyaa ayyaanaa keesumaayyuu guyyaa ayyaana sabaaf sab-lammootaa huccuu (T-shirt) dhiiga dhiigaan baasan jedhu uffachuun beekkama..sababa

kanaaf baayee dararama.. Haa tauu malee osoma baratu barattoota damee barnootaa isaa baratan kan waggaa 1ffaa hanga 3ffaaf barataniif barnoota dabalataa (tutorial) barsiisa yeroo boqqonnaa isaatti!

Falmataan afaan Amaaraa osoo miliyoona tokko kenniteef waan dubbatu hin fakkaatu..Barnoota dabalataa kana yeroo barsiisu barattoota saba biroo daree seenuu dhoowwee barattoota oromoo qofa isa barbaaduuf afaan oromoon hiikee akka fedhetti barsiisa..kanaaf sabaaf sab-lammoota biroo biratti baayee jibbamuu hin oolle!

Seenaan barattuu waggaa 3ffaa waan taateef barnoota isaa kan barachuuf dirqamte..Isaan lameenuu jaalala sabaa, guddinna afaanii fi jireenya isaanii yaaduu malee guyyaa tokkos waaee jaalalaa dubbatanii waan beekan hin fakkatan..Haatauu malee guyyaan ni dhufe osoo isaaniin hin mariatin.. innis osoo barsiisu , isheenis osoo barattu wal ajaaibuu jalqaban..Akkas jedhan:

#Falmataa: maal bareedduun akkanaa, maal uumaan intala oromoo kuni

#Seenaa: maali osoo inni kuni kiyya taee jiraatee, nan eebbifame ture…

#Falmataa: silaa Isheen tole naaf hin jettu maaliif afaan koo xureessa? Isaan babbareedan kuni yoona akka dachee magaalaa finfinnee qabamanii dhumaniiruu…

#Seenaa: Barataa cimaa boonuma isaanii dadhabe, jaalala hin beekan!

yeeroo hundaa cimina isaaniitti malee jaalala hin hubatan.

#Falmataa: kana na balleessuuf natti fide barana..maal godhaa?baruumsa koo fi qabxii galmeessaa ture sanatti dhoqqee laaquuf..

#Seenaa: maal ija jaalalaan jalaan na ilaala? baruumsa malee waan jaalala beeku hin fakkaatu inni..maal godhaa? kuni Aljebra malee jaalala beekaa laata?

#Falmataa: gaafa ishee daree keessatti ilaalu waan jedhu dhabee lafti naan mara. dafqatu narraan dhangalaa. sababa isheef gabatee gurraacha ilaalaa oola, achi garagaluu sodaadhee,,.gaafadhus waan tole jettu hin fakkaattu..maali godhaa?

#Seenaa: Gaaafii kanatu na dhibe jedhee bira geessee ilaala.. garuu bira dhaabbadhee ija keessa ilaaluu dandaaa laata?

Jettee gaaficha qabattee ijaan lafa ilaalaa tokko lama jedhaa gara isaa adeemuu jalqabde..

Gaaafii kanatu na dhibe jedhee bira geessee ilaala.. garuu bira dhaabbadhee ija keessa ilaaluu dandaaa laata?

Jettee gaaficha qabattee ijaan lafa ilaalaa tokko lama jedhaa gara isaa adeemuu jalqabde.

Yeroo seenaan gaaficha gaafachuuf kophaa bira deemtu: dubartootni maaliif kophaa bira deemte? bareedaa kana jaalachuu barbaadde moo? jedhanii miila lafatti rigan.. warri dhiiraas jalaan wali ilaalaa ishee ani gaafadhuu jedhaaru maal abba isaa kophaa itti haasayaara jedhanii yaadaan wal qeeqan.. Seenaan dhiirota hedduun jaalatamti garuu baayeen isaanii gaafachuu sodaatanii doormii keessatti ciincau. Yeroo isheen ija jaalalan isa ilaaltu maaloo seenaa akkanatti na hin ilaalin jedhaa gaaficha hojjateef… Galatoomi sabboonaa jetteen sagalee humna hin qabne tokkoon.. Doormitti yeroo isheen galtu dubartootni maal irra si qabee jedhanii koflaan doormii oowwisan..

Osoma isaan lameenuu yaadaan waxaalaman baatii tokko tae..Guyyaa tokko seenaan kaafteeriyaa tokko keessa teessee yeeroon qormaataa gaheera waan taeef gara mana kitaabaa deemuuf buna dhugaa osoo jirtu Falmataan gara mana kitaabaa deemaa jiru ilaaltee argite. Seenaan daftee lafaa oli kaatee

“Sabboonaa” jettee sagalee oli kaastee waamte.. Barattootni naannoo sana turan maali intalti maali taate? jedhanii wali ilaalan.. yeroo Falmataan ishee bira gahu koottuu buna oromoo dhugi jetteen..Innis xinnoo ishee akka kolfuu taee: maali buna Amaaraa ykn Tigiree jedhamutu jiraa? jedheen.. seenaan xinnoo ishee callistee bunni kanuma oromooti garuu, kan gurguratee duroomaaruu (Sooromaaru) warruma sana jetteen..

Buna dhugaa baruumsi akkami jedhanii wali gaafatan. Falmataan akkas jedhe “barachuun nama hin dhibu, baratanis akka namaatti jiraachuun garuu nama dhiba” haatauu malee gaafa baratte ati eenyuun akka taate ni hubatta..ati hoo akkami baruumsi? jedhee gaafateen..

Seenaanis akkas jette”barachuun salphaa dha garuu kaayyoo feete qabaattus jaalala fi Atileetota oromoo mooachuun ni ulfaata” jetteen. Falmataan suuta jedhee yeroo ilaalu Seenaan akka aduu bishaan Awaash

gubbatti baatee ijji irra nama hin dhaabbattu.. Hundaafuu eessa deemaa jirta jettee gaafatteen Seenaan.. Gara mana kitaabaa deemaara jedheen..Anis si wajjiin haa dubbiisuu? jetteen.. Eeyyen garuu.. ..jedhe.. Garuu maali gaafa isheen jettuun akkas jedhe “mucaa tokkummaa jedhamu tokkotu wajjiin dubbisna naan jedheera jedheen..Seenaan baayee kolfitee: maali tokkummaan keessan dubartoota oromoo hin dabalatu moo? jetteen dubbii isaa jijjiirtee… Falmataan baayee rifatee tole haa deemnuu jedheen.

yeroo isaan mana kitaabaa seenanii kaasanii barattotni hedduun sekondii kudhan kitaaba isaanii dubbisaa daqiiqaa kudhan immoo isaan ilaalu.. Isaan immoo onneen isaanii jaalalaan liqimfameera..Falmataan gaafa isheen gaafii gaafattu akkuma isheen hara eebbifamtutti ibsaaf.. Garuu yaadni ishee gaaficha osoo hin taane Falmataa irra..

Erga xinnoo ishee dubbisanii booda boqonnaa fudhachuuf bahan..Ergasii haasaya isaanii tokko lama jedhaa jalqaban.. Isaan akka oromoo ammaa cali jedhanii waaee jaalalaa odeessuu osoo hin taane sanyii fi seenaa isaanii akka oromoo duriitti wal gaafatan.

Lachanuu mudaammuddii qaban..

#Seenaan gaafii na ajaaibu tokko si gaafadhuu jetteen..Innis tole jedheen: Ati garuu maaliif barattoota saba biroo akka daree kee hin seenne dhoowwita? gaafa barsiisaa yunibarsitii taates akkasuma goota moo jetteen?

#Falmataa: Nuti yoo xinnaate ummata miliyoona afurtamaa taana, garuu afaan keenyaan magaalaa deemnee limmee bitachuu hin dandeenye..Hedduun keenya afaanuma keenya dubbachutti qaanofna.. Namoonni hedduun yoo afaan amaaraa kuni jalaa cabe ishee fooyyessuuf halkan guutuu hirriba dhabu.. kanaaf barattoota keenyaaf akka isaanii galutti afaan oromootiin hiikaaf.. anis dirqama koo bahuu qaba jedheen..amma ani si gaafadhuu jedheen..

#seenaa Eeeyyen

#Falmataa: Ati maqaa kana maaliif sitti moggaasan?

#Seenaa: Seenaan xinnoo erga gadditee booda booda akkas jette..Abbaan koo yeroo mootummaan woyyaanee seenu sana roorroon nutti hammaattee jennaan gara woraana adda bilisummaa oromootti deemee achitti wereegame.. Yeroo san harmee koo wajjiin wal fuudhanii jia shan akka taeen kan deeme.. Harmeen koos ana garatti na baattee mana hidhaa turtee gaafa isheen ulfa jia saddeetii taatu erga deessee deebisnee si hiina jedhanii gadi dhiisan.. Harmeen koo na deessee jia lama gaafa geessu isheenis baqattee gara woraana adda bilisumaa oromootti makamte.. amma ni jirtii fi ni wereegamtee wanti ani beeku hin jiru.. Ani erga dhaladhee kaasee Akkayoo koottu na guddise jetteen..maqaa koos akkoo koottu “Seenaa” jedhee naaf moggaase.. Ati hoo jireenyi kee maali fakkaata jetteen?

#Falmataa: ajaaiba seenaan oromoo erga jedhee akkas jedhe innis.. Abbaan koo baayee nama cimaa fi nama oromoof dhiigu ture,,Yeroo baayee fardaa, eeboo fi gaachena isaatiin adda hin bahu.. Yeroo sirna dargii sana akka taes tau darbee bara sirna woyyaanee kana bira gahe..Manni keenya poolisii dhaan marfamee bula. Ganama yeroo baayee dhukaasatu dhagahama..

Garuu oromoon naannoo sanaa isa deeggaranii poolisoota ofirraa faccisaa turan.. Harmee koos akka isheen rasaasatti fayyadamuu dandeessu leenjisee ture.. Fardi abbaa koo maqaan isaa Bulloo jedhama.. Gaafa abbaan koo Bulloo bulloo jedhee waamu ni fiigaaf ni balaliaan isaa osoo hin beekamin bira gahee diina jalaa miliqaanii ture.. Guyyaa tokko osoo inni quba hin qabne lafa bariuu geessee keessa ajjeesan.. kana booda oromoon naanoo keenyaa Eeboo fi fardaan itti yaaus isaan dhukaasaa walirraa hin cinneen gara magaalaa naannoo sanaatti qajeelan.. Namootni lama ollaa keenyaa dafanii furmaata tokko uuman.. oromootni amma duukaa deemaa jirtan dhaabbadhaa jedhanii… Fardaa fi meeshaa isaanii fudhatanii karaa biraatiin isaan fuuldura qaxxaamuranii bosona tokko keessatti eegan… Yeroo poolisiin afaan oromoo haasayus Amaariffa akka warra tigiree tokko haasaayaa akkas jedhaa dhufan ” sawuyyee baxaam adaganyaa naw, oromochi maxifo nachew dagimo faras yiwoddaallu”‘ jedhaa ofi duuba ilaalaa osoo deemtu bosona bira yeroo isaan gahan: dhukaasa walirraa hin cinneen sadan isaanii ajjeesanii baay`ee isaanii madeessanii biraa de

eman.. #Dhiiga dhiigaan baasan, inni oromoo tokko yoo due kan nafxanyaa sadiin madaalama jedhanii geerraran..

Seenaa fi falmataan booichaan morma wali qabatan..Waadaa oromummaa waliif seenanii akka yeeroo dubbisani, bashannanaa, nyaataa fkkf irratti yoomiyyuu addaan hin baane waliif galan.kana booda bosona Adunyaa, Danbal, daarfur, love street dabalatee iddoo hundatti seenaan mudhii isaa qabattee wajjiin yuunivarsitii Haroomayaa keessa adeemuu jalqaban..Jaalala isaanii irraa oromoon Jimmaa, Arsii Baalee Wallaggaa, Shawaa, Booranaa, Gujii, Karayyuu, Iluu, Harargee fi kamisee akka jiruuf isaan hundi sanyii tokko akka taanii fi namoota kanuma naannoo kiyyaa jaaladhee wajjiin jiraadha jedhuuf deebii gahaa kenneeraaf..

Yeroo tokko yuunivarsiitii Amaara keessaa tokko keessatti barataan oromoo tokko ajjeefame jedhamee odeeffame.. Falmataaf hiriyyootni isaa kaayyoo dhiiga dhiigaan baasan jedhu qaban..guyyaa tokko galgala keessa saaa sadi yeroo tau barattootni kumaatamaan lakkaawan mana kitaabaa keessatti dubbisaa jiran.. irra caalaan barattoota dhiiraa yeroo dubbisan akka nama Injiree rifeensa keessaa guuruu rifeensa isaanii qaqqabu.. Falmataaf hiriyyootni isaa dhagaa lamaan tokko gara foddaa mana kitaabbatti yeroo gadi lakkisan.. barataan inni kaan balbalaan, inni kaan foddaan ofi gadi darbataa isa kufe irra deemaa baqatan.. Inni woggaa tokkoffaa amaara keessaa dhufe tokko akkas jedhe.. “yaa waaqi tsalootii koo naaf dhagahuu diddee yuunivarsitii oromoo na geessitee “jedhee jennaan barattootni oromoo koflaan doormii oowwisan..

Ergasii kaasee yeroo doormii , mana kitaabaa, mana nyaataa, daree barnootaa deemanis akkuma keellaa Awaash poolisiin federaalaa sakattauu eegale..

Seenaan baayee gaddaa bultee hojiin kuni kan Falmataa faa tauu hin oolu jettee lubbuun ishee dhawatte..Bilbila isaa bilbilaa bultus bilbilli isaa kauu dide..Guyyaa lammaffaa danbali akka dhufu itti himtee, yeroo inni bira gahee beenu ciree nyaannaa jedhuun, seenaan immimmaan morma ishee irraan dhangalaaa koottu mee waan tokko si gaafadhaa jetteen..

#Seenaa: Falmee koo ani baayee si jaaladha.. onneen koo erga si argee jalqabee jaalala keetiin boojiamte..Garuu akkuma abbaa koof haadha koo dhabe,sillee waan dhabu natti fakkaata jetteen.

#Falmataa: Innis ishee ofitti qabee, seenaa koo anis baayee sijaaladha, erga si argee jalqabee hirriba hin qabu.. Garuu gumaa abbaa keetii, haadha teetii fi abbaa kootiis walumaa galatti gumaa jaalleewwan wereegamanii kan baasu numa seenaa koo jedheen imimmaan gadi roobsaa..Sirba kadiir Martuu “Fedhii koo hin taane si ganuun jedhu” naaf dhageefadhu yoo yeroo qabaatte jedheen..

Guyyaa muraasa booda halkan keessa saaa saddeet yeroo tau doormii barattootaa sakattauuf poolisiin Federaalaa dirree woraanaa fakkeesse.. Falmataa, hiriyyaa isaa Tokkummaa dabalatee barattoota hedduu achi buutee isaanii dhabamsiisan.. Ganama barattootni hiriira bahanii isaan hidhaman haa hiikkamanii jedhanis, isa gaafates gara mana hidhaatti guuran..

Seenaan halkaniif guyyaa wollaalte. hiriyyoota isaa kan isheen itti bilbiltu hunda achi buutee isaanii dhabamsiisaniiru.. dhiirotni duraan jaalala isaanitti hinaafaa turan abdii kutachiisuuf yaalaa turan. Barattootni oromoo hedduun garuu baayee gaddanii yaadaan ishee cinaa dhaabbatan. Seenaan yeroo nyaattu, yeroo mana kitaabaa deemtu yeroo hundaa kophaa yaadaan ciincaaa deemuu jalqabde..

Osoma deemtu gaafii tokko ofi gaafatte seenaan, Harmeen koo gaafa abbaan koo deemee wereegame sana maaliif inni hin deebiu jettee abdii kutattee hin heerumne ture ykn nama biraa jaalachuu maaliif dhiiste? jettee ofi gaafatte. Anis kaayyoo Abbaaf haadha koo, kan jaalallee koo walumaa galatti dirqama

oromummaa bahuu qaba jettee ofi amansiiste.Itti dabaltee onneen koo Falmataan wereegameera kana booda eenyuunis tasuma hin wereegamu jette.

Falmataan poolisoota dhalootaan oromoo taan keessaa hiriyyoota hedduu qaba.. Isaan keessaa isa tokkoon xalayaa kana barattuu seenaa jedhamtutti naafa geessi jedheen!

Xalayichi akkas jedha:

Seenaa koo si haa gahu nageenyi koo, akkami nagaa dhaa? baay`ee siyaade seenaa

koo…onneen koo jaalala sabaaf jaalala keetiin iddoo lammatti qoodamtee gubachaa jira,,Miidhaaf dararaan narra gahes kanuma oromoo jaarraa tokkoof irra gahaa ture sana.. Hanga bilisummaa argannee biyya dhalatne irratti akka namaatti jiraannutti jaalala keenya galmaan gahuun ni ulfaata.. Ammaaf mana murtiitti na dhiyeessanii waggaa saddeet(8) natti murteessaniiru..Seenaa koo ani jaalala ijoollummaa keetti taphachuu hin fedhu. Hanga ani hidhaa kana keessaa bahutti obsitee yoo na eegde hawwii kooti..yoo taauu baattes wanti gaariin akka si qunnamu Rabbiin siif kadha halkaniif guyyaa.. Sirba Dr. Ali Bira “sila osoo beekee waa sillee hin dararu” jedhu jedhu si affeereera..

seenaa koo baayee sijaaladha

Mana hidhaa maayikalaawii irraa….nagayatti..

Erga dubbistee booda seenaan naasuudhaan lafatti kuftee yeroo muraasaaf hafuurri ishee dhokate.. Poolisichi hatattamaan gara mana yaalaa geessee saaa lama booda ofi barte… erga ofi bartee adaraa oromummaa xaalayaa kana barreessee sitti kennaa na eegi jetteen..

Xalayaa akkas jedhu barreessiteef: Falmee koo si haa gahu nageenyi koo onnee irraa madde

jaalaalaa fi kabaji ani siif qabu yoomiyyuu daangaa hin qabu..kaayyoon keenya akka galma gahuuf halkanii fi guyyaa hin rafu,,Falmee koo jabaadhu irree jabeeffadhu.. Anaaf woggaan saddeetii (8) boru ganama dha..waan baayee seenaa harmee koo irraa baradheera.. lubbuun inuma jirtaa garuu? kana yeroma si arge kan amanu.. Rifeensi kee odaa fakkaatu suni jiraa laata? Falmee koo onneen koo jaalala keetiin hidhamteetti, anis jaalala keetiin hidhamee namni biroo nama natti hin fakkaatu.. Falmee koo yoomiyyuu sinjaaladha..Nagayatti..Jaalallee kee Seenaa Yuunivarsitii Haroomayaa irraa!!

Seenaan barattee eebbifamtus ragaa miseensa OPDO(woyyaanee) fiddu malee hin qacaramtu waan jedhamteef hojii argachuu hin dandeenye.. Baadiyaa isheetti deebitee akkoo ishee wajjiin jiraachuu jalqabde..Akkoon ishee seenaa ishee fi Falmataa dhageessee ganamaaf galgala seenaa cinaa dhaabbattee gorsiti..

Gaafa inni mana hidhaatii bahu lakkooftee seenaan balabala mana hidhaa maayikalaalwii dhaabbatte.. Ijji isaanii imimmaaniin dukkanaaye…Falmataan akkas bareeddu yeroo waggaa saddeet xumuree mana hidhaatii bahu akka bosona bosona Baalee fi Booranaa guggubatee dhumeera.. Seenaan fi Falmataan wal arganii halkaniif guyyaa wollaalan gammachuu dhaan…

Ergasii baadiyaa deemanii akka oromoo duriitti iyyanii iyyisiisanii cidha nama ajaaibu tokko gaggeessan.. manguddoonni bahanii eebbisan… Jia tokko booda DV Ameerikaa seenaan woggaa tokko dura ani heerumeera jettee guutte tokko dhufe.. Gaafa isaan baadiyaa dhaa barbaadanii xalayaa itti geessan DVn baheeraaf…. Falmataa fi seenaan tasuma amanuu hin dandeenye… Oromiyaa gadi dhiisuun kaayyoo isaanii tauu baatus Falmataan ammas poolisootaan hordofamuu eegaleera waan ta`eef lubbuu isaanii hambisuuf miila isaanii gara Ameerikatti qajeelchan.

Barreessaa : #Beknan Rabirraa